Arfaaseefi Dannabaa

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled

Arfaaseefi Dannabaa

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gilgaala 1: gaaffiwwan dubbisuun duraa

Osoo hindubbisin dura gaaffiwwan deebisi.

1. Garaa garummaan dhiiraafi dubartii jidduu jiran maafa'i?

2. Naannawa keetti hojii dhiirriifi dubartiin hojjetan maalfa'i?

3. Hojii dhiirri hojjetu kan dubartiin immoo hin hojjenne jiraa? Maaliif?

Boqonnaa 1: Hojii Arfaaseefi Dannabaa

Arfaaseefi Dannabaan haadha warraafi abbaa warraa yoo ta'an isaanis jiraattota magaalaa Adaamaati. Haati warraafi abbaan warraa kunneen ijoollummaa isaanii irraa kaasanii walbeeku hanga waliin baratanis. Barumsa kutaa kudha lammaffaa akkuma xumuraniin kolleejjii seenuun barumsa daldalaa waliin baratan. Waggoota muraasa eebbifamanii boodas waliin bultii ijaaratan.

Yeroo barachaa turtetti fedhiin Arfaasee baankii galanii hojjechuu ture. Akkuma fedhii isheetti baankii Daldala Itoophiyaa dorgomtee seente. Arfaaseen yeroo ammaa kanas hojjettuu Baankii Daldalaa Itoophiyaa ta'uun hojii ishee haala ga'umsa qabuun hojjechaa jirti.

Abbaa warraa Arfaasee kan ta'e Dannabaan Arfaasee waliin barnoota xumuree eebbifamus fedhiin isaa hojii dhuunfaa isaa hojjechuudha. Kanaafuu, jalqaba akkuma eebbifameen hojii bu'a qabeessa ta'e kan yoo cimee hojjete itti jijjiiramuu danda'u qorachuu eegale. Sanaan booda, wantoota gara garaa bituun suuqii banatee yoo daldale akka gaarii ta'e hubate. Itti fufuunis suuqii banachuudhaan daldala isaa haala gaarii ta'een itti fufe.

Arfaaseefi Dannabaan jaalalliifi kabajni isaan hojiif qaban hedduu namatti tola. Hojii keessatti

kun hojii dhiiraati kun immoo hojii dubartiiti jedhanii qoqqooduun isaan bira hinjiru. Dubartummaafi dhiirummaa irrattis ilaachi isaan qaban walqixadha.

Arfaaseen kan hojjettu baankii Daldalaa Itoophiyaa waan ta'eef waajjirri ishee mana isaanii irraa fagoodha. Kanaafuu, hojii mana keessaa hojjechuuf yeroo ga'aa hinqabdu. Hojiin ishees akka hojii dhuunfaa ofiitti yeroo hinbarbaanne ba'anii yeroo barbaadan immoo seenanii hojjechuuf kan mijatu miti.

Hojii daldalaa Dannabaan hojjetu immoo, mana jireenya isaanii biratti. Hojjin kunis hojii dhuunfaa waan ta'eef, guyyaafi bakka barbaadametti hojii kamiyyuu hojjechuun nama hindhibu. Kanaafuu, Dannabaan hojii mana keessaa tokko tokko suuqii isaa keessa taa'ee hojjeta. Achi keessatti buna nidanfisa; ittoo nidalaga.

Arfaaseen yeroo biiroodhaa galtu nyaata qophaa'eefi buna danfetti galti. Kan kana mara qopheessee kan ishee eegus jaallatamaafi kabajamaa abbaa warraa ishee kan ta'e Dannabaadha. Nyaanniifi bunni kunis yeroo hundumaa wayita Arfaaseen hojiidhaa galtutti qophaa'ee ishee eega. Arfaaseenis soorata qophaa'e kanatti yeroo galtu jaalala abbaa warraa isheef qabdu ofitti qabdee dhungachuun agarsiifti. Maqaa isaas Dannaba jettee kan waamtu osoo hintaane, Daannoo koo, jechuun masifattee waamti.

Arfaaseefi Dannabaan nyaata qophaa'e afaan walkaayaa nyaatu. Booda immoo buna isaanii danfe dhuguun oolmaa guyyaa waliin dubbatu. Hojiifi haalli jireenyaa Arfaaseefi Dannabaas yeroo hundumaa isuma kana fakkaata. Jaalalaafi kabaja maatiin kun waliif qabu namoonni hedduun ni hawwu.

Boqonnaa 2: Mudannoo Arfaaseefi Dannabaa

Gaaf tokko Arfaaseen waajjira isheetii erga baatee booda Dannabaa konkolaataa ishee keessa buufattee magaalaa deemte. Akkuma magaalaa ga'aniin konkolaataa isaanii bakka tokko dhaabbatanii deemsa miilaa eegalan. Dannabaafi Arfaaseen Yeroo muraasa deemuun erga bashannanaa turanii booda hoteela tokko seenanii boqotan. Daqiiqaa muraasa boodas hoteelichaa bahanii deeman.

Yeroo Dannabaafi Arfaaseen miilaan deemaa turan sanatti dargaggonni lama duuba isaaniitiin isaan hordofaa turan. Dannabaafi Arfaaseenis hordoffii dargaggoota kanaa shakkanii gara hoteelaatti deebi'an. Akkuma Dannabaafi Arfaaseen hoteela seenaniin dargaggoonni lamaan sun ammas isaanuma hordofanii hoteelicha seenan.

Arfaaseefi Dannabaan darggaggoota isaan hordofanii seenan kana arganii ija keessa wal ilaalan. Dargaggoonni kun waa malee nu hordofaa hinjirani; tarii nu saamuu barbaadaniitii laata? waliin jedhan. Dargaggoonni sun bakka taa'anii jiranii ammas ammas ija Dannabaafi Arfaasee keessa ilaalanii waliin dubbatu.

Dannabaafi Arfaaseen yoo dargaggoonni kun ba'an malee ba'uun keenya gaarii hinta'u. Jarri kun qabeenya keenya fudhachuu caalaayyuu tarii miidhama qaamaa nurraan geessisuu danda'u jedhanii sodaatan. Haata'u malee, dargaggoonni

kun hanga Dannabaafi Arfaaseen ba'anitti ba'uu dhiisuun hanga waariitti turan. Dannabaafi Arfaaseenis hanga bakka konkolaataa keenyaa geenyutti waan tokkoyyuu hintaanu jechuun hoteelichaa gadi ba'an.

Dargaggoonni sun lamaan Dannabaafi Arfaasee duukaa gadi ba'uun rukkutanii qarshii irraa saamuu barbaadan. Arfaaseen lakkii yoo nu dhiistan isiniif wayyaa jettee isaan akeekkachiifte. Hattoonni sun garuu, maal haadhakee nu goota,! jechuun dubartummaa isheetiin tuffachuu barbaadan. Dannabaan obsaan isaan dhaggeeffachaa haaturuyyuu malee akka qeerransa madaa'ee isaanirra bu'uun nyaachuu kajeelee jira.

Arfaaseen immoo Dannabaatiin "ati isaanitti hindubbatin har'a anatuu cimina dubartii isaanitti agarsiisaa" jette. Hattoota sanattis ija baabbaasuun dubartummaan, dubartii tuffachuun jechaafi yaada yeroon itti darbedha.

Nuti dubartoonni akka keessan humnaafi beekumsa qabnu hanna irratti hinbobbaafnu. Kaanniin immoo wanti isinii gadi nu taasisu tokkollee hinjiru jechuun ija itti babaafte.

Hattoonni garuu, akeekkachiisa isaaniif kenname irra kutuun isaan rukutanii saamuuf qophaa'an. Hattoonni sun lamaan jalqaba Dannabaatti utaaluun lola irratti kaasan. Kiisii isaa keessaas maallaqa dhabna'an isa dhiisanii gara Arfaaseetti deebi'an. Arfaaseen yoo namni ishee lole nama hinxuqxu; obsa qabdi. Har'a garuu haalichi yeroo humnaa ol itti ta'u hattoota lamaan rukutuuf yeroo itti fiigduu namoonni naannawa sana jiran arganii itti fiigan. Namoonni heddummaannaan hattoonni bagatan.

Boqonnaa 3: Tumsa Arfaaseefi Dannabaa

Hattoonni sun lamaan hedduu waan nahaniif osoo baqatanuu hallayyatti namman. Arfaaseen gocha badaa isaan raawwatan kana balaaleffattullee nama miidhuun ishee hingammachiisu. Kanaafuu, hattoota hallayyatti nammanii du'uuf jedhan kana maal gochuu akka qaban Dannabaafi Arfaaseen irratti waliin mari'atan. Dannabaan jarri kun saamtota waan ta'aniif yoo du'aniyyuu dhimma isaaniiti waan ta'eef dhiisnee mana keenyatti galuu qabna jedhe.

Arfaaseen garuu, gara laafettii waan taateef hattoota kana mana yaalaa geessuu qabna . Sababni isaas tarii namoonni badii raawwatan kun yoo fayyan gochaa badaa raawwatan kanatti gaabbuun irraa baratuu danda'u jette. Dannabaanis yaada Arfaasee fudhate.

Dannabaafi Arfaaseen hattoota konkolaataan mana yaalaa geessuuf lafaa ol kaasani. Yeroo kanas, hattuun inni tokko xiqqoo ishee of beeka waan ta'eef jarri kun boollatti nu gatuuf jedheeti harka Arfaasee ciniine. Arfaaseen ciniinnaa hattichaan miidhamtus suuta jechuun harka ishee afaan hattichaa keessaa baafatte.

Booda immoo, Dannabaafi Arfaaseen suutuma jedhanii hattoota miidhaman sana konkolaataa isaanii keessa galchan. Hattichi inni Arfaasee ciniine sun konkolaataa keessa ciisee maaloo nu hinajjeesiinaa lammata gocha akkanaatti hindeebinuu jedha. Akka yaada hattichaatti Dannabaafi Arfaaseen kan isaan ajjeesanii awwaaluuf deeman itti fakkaate.

Yeroo muraasaan booda,Dannabaafi Arfaaseen hattoota mana yaalaatti buusan. Manicha yaalaatii kaardii erga baasanii boodas hattoota miidhaman sana kutaa balaa tasaatti dhiyeessan. Ogeettiin yaalaa isaan itti dhiyeessan Dooktor Gaaddisee jedhamti.

Dooktor Gaaddiseen maali dhibeen isaanii? jechuun Arfaasee gaafatte. Isheenis " Isaan nu saamuuf yaallaan ani ofirraa ittisuuf yeroon iti dheekkamu baqatanii hallayyaa seenan miidhaman. Dooktor Gaaddiseen Arfaasee hedduu ajaa'ibsiifatte. Dhuguman siin jedhaa ati dubartii baayyee cimtuudha. Namni hunduu osoo akkuma kee kanatti yaada ta'ee baayyee gaariidha. Kan isin miidhuuf jedhe isaani; kan mana yaalaa isaan fide immoo isini. Aniyyuu barnoota isinirraa argadhe jechuun gara hattoota yaaluutti deebite.

Hattoonni lamaan yaalamanii erga fayyanii booda, eenyutuu as nu fide jechuun Dooktor Gaaddisee gaafatan. Isheenis waan keessa dabartaniifi waan raawwattan mee ofii keessan yaadadhaatii natti himaa jette. Hattoota lamaan keessaa inni tokko hoteela tokko fuul duratti dubartii tokkoofi dhiira tokko waliin akka wal lolle nan beeka. Sanaan booda, waan ta'eefi raawwatame tokkollee waanan beeku hinqabu jedhe.

Dooktor Gaaddiseen "namoota sana waliin maal irratti wal loltan?" jette. Hattoonnis callisanii ija ishee keessa ilaalan. Dooktor Gaaddiseen waan hundumaafuu gochi isin raawwattan baayyee kan nama gaddisiisudha. "Lammaffaa gocha akkanaatti hindeebilinaa" jette. Sanaan booda, Dannabaafi Arfaaseen mana yaalaa isaan fiduun akka maallaqa kaffalanii isaan yaalchisan itti himte.

Boqonnaa 4: Gaabbii Hattoota Lamaanii

Hattoonni lamaan gocha raawwatan maratti hedduu gaddan. Dannabaafi Arfaaseetiin dhiifama guddaa nuuf godhaa jechuun miila jalatti kufan. Dannabaafi Arfaaseen kan keenya rakkoo hinqabu isinumti gocha akkanaa irraa of qusadhaa jechuun gorsan. Sanaan booda, bakka mana isaanii gaafachuun konkolaataa yaabsisanii hanga mana isaaniitti geessan.

Hattoonni lamaan gocha badaa raawwataniifi du'arraa isaan oolchuu Dannabaafi Arfaasee yaadatan.

Sanaan booda, nuti hanga yoomiitti qabeenya namaa saamnee jiraanna? Maaliif akkuma namaatti hojjennee gatii dafqa keenyaan hinjiraannu jedhanii mari'atan. Sanaan booda, lammaffaa akka qabeenya namaa hinsaamne waadaa waliif seenan.

Gocha raawwatan keessatti badiin inni biroon isaan raawwatan immoo dubartootaaf ilaalcha badaa qabaachuu isaaniiti. Akka yaada isaanii duraatti dubartiin sodaattuu, kan humnaafi beekumsa hinqabne jedhanii yaadu. Yaanniifi cimminni Arfaasee garuu jijjiirama yaadaa guddaa isaan irratti fide. Hattoonni kun kan jalqaba irratti isaan saamuuf yaalan Arfaasee akka namaattiyyuu hinlakkoofne. Abbaan warraa ishee cimaa ta'us lamatti hindadhabnu jedhanii isaan saamuuf yaadan. Dubbiin isaan yaadan garuu faallaa kanaa ta'e. Dannabaan isaan dadhabnaan Arfaaseetuu isaan sodaachisee ari'e. Kun immoo ilaalcha tuffii isaanii kan duraan qaban sana daran jijjiire.

Dubartiin dandeettii, tooftaan, dhiiraan gadi miti. Dhiirri tokko baratee dooktora, injiinara yookaanis loltuu ta'uu kan danda'u yoo ta'e sababa dubartiin bakka kana ga'uu hindandeenyeef hinjiru. Gama qoqqooddii hojiitiinis yoo ta'e namoonni tokko tokko hojiin mana keessaafi hojiin sasalphaa ta'e kan dubartii akka ta'etti yaadu. Hojiin alaafi hojiwwan kan biroon hojjechuuf ulfaatoo ta'an immoo dhiirri qofti hojjechuu akka qabutti yaadu. Kun ilaalcha dogoggoraati waan ta'eef hawaasni kamiyyuu yaada kanatti amanuu hinqabu. Hojiin kun kan dhiiraati kun immoo kan dubartiiti kan jedhu barsiifata boodatti haafaadha.

Muuxannoo jiruufi jireenyaa Dannabaafi Arfaasee irraa hubachuun akkuma danda'amutti dhiirriifi dubartiin walqixa. Dannabaafi Arfaaseen hojii mana keessaa wal qixa hojjetu. Irra caalaa hojii mana keessaa kan hojjetuyyuu Arfaasee irra Dannabaadha. Lamaan isaaniiyyuu namoota baratanii kollejjii tokko irraa eebbifamanidha. Ilaalchi Yaadniifi dandeettiin isaan qabanis wal qixadha. Akkuma seenaa isaanii irraa hubachuun danda'amutti obsa qabaachuufi waan tokko bal'isanii yaaduu irratti kan Dannabaa caaluyyuu Arfaaseedha. kun immoo dubartiin kallattii kamiinuu dhiirotaan gadi akka hintaane nama hubachiisa.

Gilgaala 2: gaaffiwwan dubbisuun boodaa

Haala dubbisa dubbisteen gaaffiwwan deebisi.

1. Arfaaseefi Dannabaan eessatti wal baran?

2. Hojii Arfaaseefi Dannabaa keessaa maaltu sitti tole?

3. Cimina Arfaaseen qabdu tarreessi?

4. Hattoonni lamaan akkamiin hojii badaa hojjetanitti gaabban?